



Waggaa 17<sup>aa</sup> ..... Lak. 1/2001  
 ፲፯ኛ ዓመት ..... ቁጥር ፩/፪ሺ፩  
 17th year ..... No 1/2008

Finfinnee, Sadaasa 4 Bara 2001  
 ፊንፊኔ፣ ሐዳር ፬ ቀን ፪ሺ፩ ዓ.ም  
 Finfine, November 13, 2008

# MAGALATA OROMIYAA

## መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokko .....	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe	Lak. S. Poostaa ..... 21383-1000
ያንዱ ዋጋ .....	በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት	የፖ.ሣ.ቁጥር .....
Unit Price .....	በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ	P.O.Box .....

<b>QABIYYEE</b>	<b>ማውጫ</b>	<b>CONTENT</b>
<b>Labsii Lak. 143/ 2001</b>	<b>አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፫/፪ሺ፩</b>	<b>Proclamation No. 143/2008</b>
Labsii Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaa Irra Deebi' uudhaan Hundeesuuf Bahe.....Fuula 1	የኦሮሚያ መንገዶች ባለሥልጣንን እንደገና ለማቋቋም የወጣ አዋጅ..... ፲፮ ፩	Proclamation to provide For the Reestablishment of the Oromia Roads Authority .....Page 1

<b>LABSII LAK. 143/2001</b>	<b>አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፫/፪ሺ፩</b>	<b>Proclamation No. 143/2008</b>
<b>Labsii Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaa Irra Deebi' uudhaan Hundeesuuf Bahe</b>	<b>የኦሮሚያ መንገዶች ባለሥልጣንን እንደገና ለማቋቋም የወጣ አዋጅ</b>	<b>Proclamation to provide For the Reestablishment of the Oromia Roads Authority</b>
<p>Abbaan Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaa daandiiwwan sadarkaa naannootti hojjetaman abbummaadhaan akka hojjisiisu, akka bulchuufi akka to'atu bifa haarawaan hundeesuun waan barbaachiseef;</p> <p>Rakkoo geejjiba daandii uummanni naannichaa qabu furmaata laachuufi facaatii daandiiwwanii bal'inaafii qulqullinaan waliin gahamee uummanni gahee diinagdee keessatti taphachuu qabu guddisuun waan barbaachiseef;</p> <p>Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii Lak. 46/1994 Keewwata 49(3)(a) tiin kan armaan gadii labsameera.</p>	<p>የኦሮሚያ መንገዶች ባለሥልጣን በክልል ደረጃ የሚሠሩትን መንገዶች በባለቤትነት እንዲያሠሩ፣ እንዲያስተዳድርና እንዲቆጣጠር እንደገና ማቋቋም በማስፈለጉ ፤</p> <p>የክልሉን ሕዝብ የመንገድ ትራንስፖርት ችግር ለማቃለልና የመንገዶችን ስርጭት በስፋትና በጥራት አዳርሶ ሕዝቡ በኢኮኖሚው ውስጥ የሚጫወተውን ሚና ማሳደግ በማስፈለጉ፤</p> <p>የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ሕገ መንግሥት አንቀፅ ፵፱ ንዑስ አንቀፅ (፫)(ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጧል፡፡</p>	<p><b>WHEREAS</b>, it has been necessary to reestablish the Oromia Roads Authority to administer and supervise the roads that are to be constructed at the regional level with;</p> <p><b>WHEREAS</b>, it is essential to resolve the road transportation problems of the people of the region and distribute roads network keeping the required standard, so that to enhance the role that the people play in the economic development;</p> <p><b>NOW, THEREFORE</b>, in accordance with the Proclamation No. 46/2001 Article 49(3)(a) of the Revised Constitution of the National Regional State of Oromia it is hereby proclaimed as follows.</p>

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Labsiin kun “Labsii Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaa Irra Deebi’uudhaan Hundeesuuf Bahe Lak. 143/2001, “ jedhamee waamamuu ni danda’a.

**2. Hiikaa**

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta’e malee Labsii kan keessatti:

- 1) “Mootummaa,” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaatti.
- 2) “Naannoo,” jechuun naannoo Oromiyaati.
- 3) “Abbaa Taayitaa” jechuun Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaati
- 4) “Daandii,” jechuun Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Itiyophiyaa sadarkaa seeraan kennamen daandii jedhee kan waamudha.
- 5) “Daandii Hawaasaa,” jechuun daandii, uummanni maallaqaafi numna isaatiin ykn gargaarsaan kan ijaaruu fi kan suphu jechuudha.

**3. Hundeeffama**

Abbaan Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaa kanaan booda “Abbaa Taayitaa” jedhamee kan waamamu qaama raawwachiiftuu Naannichaa ta’ee Labsii kanaan irra deebi’amee hundeeffamee jira.

**4. Itti Waamamaafi Gurmaa’ina**

Itti waamamni Abbaa Taayitichaa Biiraa Hojiiifi Misooma Magaalaa Oromiyaatiif ta’ee gurmaa’ina armaan gadii ni qabaata.

- 1) Hojii Gaggeessaa Ol’aanaa,
- 2) Akka barbaachisaa isaatti Itti Aanaa Hojii Gaggeessaafi
- 3) Hojjettoota biroo;

**5. Teessoo Waajjira Ol’aanaa**

Teessoon Waajjira Ol’aanaa Abbaa Taayitichaa Fininnee ta’ee akkaataa barbachisummaa isaatti dameewwaan adda addaa ni qabaata.

**6. Aangoofi Hojii Abbaa Taayitichaa**

Abbaan Taayitichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata.

- 1) Daandiilee Naannoo Oromiyaa keessa jiran abbummaadhaan ni bulcha.

**፩. አዋጅ ርዕስ**

ይህ አዋጅ “የኦሮሚያ መንገዶች ባለሥልጣንን እንደገና ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፫/፳፻፩ ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

**፪. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ:-

- ፩) “መንግሥት” ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ማለት ነው።
- ፪) “ክልል” ማለት የኦሮሚያ ክልል ማለት ነው።
- ፫) “ባለሥልጣን” ማለት የኦሮሚያ መንገዶች ባለሥልጣን ማለት ነው።
- ፬) “መንገድ” ማለት የኢትዮጵያ መንገዶች ባለሥልጣን በሕግ በተሰጠው ደረጃ መንገድ ብሎ የሚሰይመው /የሚጠራው/ ነው።
- ፭) “የሕብረተሰብ መንገድ” ማለት ሕዝቡ በገንዘብና በጉልበቱ ወይም ከሌላ በሚገኝ ዕርዳታ የሚሠራውና የሚጠግነው መንገድ ነው።

**፫. ስለመቋቋም**

የኦሮሚያ መንገዶች ባለሥልጣን ከዚህ በኋላ “ባለሥልጣን” እየተባለ የሚጠራ ራሱን የቻለ የመንግሥት አስፈጻሚ መ/ቤት ሆኖ በዚህ አዋጅ እንደገና ተቋቋሟል።

**፬. ተጠሪነትና አደረጃጀት**

የኦሮሚያ መንገዶች ባለሥልጣን ተጠሪነቱ ለኦሮሚያ ሥራና ከተማ ልማት ቢሮ ሆኖ ከዚህ በታች ያለውን አደረጃጀት ይኖረዋል።

- ፩) የባለሥልጣኑ ዋና ሥራ አስኪያጅ፣
- ፪) እንደአስፈላጊነቱ ም/ሥራ አስኪያጅ እና
- ፫) ሌሎች ሠራተኞች

**፭. የዋናው መ/ቤት አድራሻ**

የባለሥልጣኑ ዋና መ/ቤት ፊንፊኔ ሆኖ እንደአስፈላጊነቱ የተለያዩ ቅርንጫፎች ይኖሩታል።

**፮. የባለሥልጣኑ ሥልጣንን ተግባር**

ባለሥልጣኑ ከዚህ በታች የተዘረዘሩትን ሥልጣንን ተግባራት ይኖሩታል።

- ፩) በኦሮሚያ ክልል ውስጥ ያሉትን መንገዶች በባለቤትነት ያስተዳድራል።

**1. Short Title**

This Proclamation may be cited as “The Proclamation to Provide for the Reestablishment of Oromia Roads Authority Proclamation No. 143/2008.”

**2. Definition**

In this proclamation, unless the context demands otherwise:

- 1) “State,” shall mean the National Regional State of Oromia;
- 2) “Region,” shall mean Oromia Region;
- 3) “Authority,” shall means Oromia Roads Authority;
- 4) “Roads,” shall means subject to powers vested in the Ethiopian Roads Authority by law, roads named according to their standards;
- 5) “Community Roads,” shall mean that roads that the community constructs and maintains with its own money and labor or aid.

**3. Establishment**

The Oromia Roads Authority, an executive organ the regional government, hereinafter referred to as the “Authority” is hereby reestablished as under this Proclamation.

**4. Accountability and Organization**

Oromia Roads Authority is accountable to the Bureau of Public Works and City Development and shall have the following bodies.

- 1) General Manager,
- 2) Where necessary Deputy General Manager, and
- 3) Other workers.

**5. Head Office**

The head office of the Authority shall be at Finfine, and where necessary may have branches.

**6. Powers and Duties of the Authority**

The Authority shall have the following powers and duties.

- 1) Administer and own the roads in Oromia Regional State;

- 2) Imaammataafi tarsiimoo daandiiwwan babal'isuuf gargaaran ni burqisiisa; ni qorata; Mana Marii Bulchiinsa Naanichaatiif ni dhiyeessa. Yoo mirkanaa'e hojiirraa ni oolcha, hojiirraa akka oolan ni taasisa.
- 3) Haala daandiin naannoo keessatti ittiin babal'atu ni karoorsa.
- 4) Sadarkaafi diizaayinii daandiiwwan ittiin ijaaramuu qaban ni murteessa.
- 5) Daandiiwwan, adda addaa kontiraaktarootaafi uummataan akka ijaaraman, sadarkaan isaanii akka ol ka'u, akka suphaman akkasumas, akka kunuunfaman ni taasisa.
- 6) Riqooleefi ijaarsonni daandii wajjin walqabatan akka qoratamaniifi ijaaraman ni taasisa.
- 7) Qorannoofi diizaayiniin daandiiwwanii akka gaggeeffamu ni taasisa.
- 8) Haala daandiiwwan ittiin qorataman, diizaayiniin ittiin qophaa'u akkasumas ijaarsiifi suphaan daandiiwwanii ittiin raawwatamu ni qopheessa; hojiirra oolmaa isaanii ni hordofa.
- 9) Uummanni sadarkaa adda addaatti gurmaa'ee humnasaa qindeessuudhaan daandii akka ijaaru, suphuufi kunuunsu ni taasisa, deeggarsa ogummaafi meeshaalee ijaarsaa ni kenna.
- 10) Qulqullina raawwii ijaarsaafi suphaa daandiiwwanii ni to'ata, qaama biraatiniis akka to'atamu ni taasisa.
- 11) Daandiin akka hin mancaaneefi tajaajilaan ala akka hin taane ni to'ata.
- 12) Waldaaleen daandii ijaaruufi suphuuf gurmaa'aniifi kontiraaktaroonni xixiqqaan dandeettii isaanii cimsanii haala fooyya'aa ta'een hojii isaanii akka raawwatan qaamaa dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta.
- 13) Bal'inaafi akkaataa itti fayyadama daandii ni murteessa; ni to'ata.
- 14) Lafa, dhagaa, biyyoo filatamaafi iddoowwan kuusama meeshaalee ijaarsaa daandiitiif barbaachisan kaffalti malee qaama dhimmi ilaalurraa heeyyama argachuun itti fayyadama. Qaamni dhimmi ilaalu dhimmichi isa qaqqabee guyyaa kudha shan keessatti deebii kennuu yoo baate akka heeyyameetti lakkaawwamee hojiisaa itti fufa.

- ፪) መንገዶች እንዲስፋፉ የሚያግዙትን ፖሊሲዎችና እስትራቴጂዎችን ያመነጫል፣ ያጠናል፣ ለኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር ም/ቤት ያቀርባል፣ ሲፀድቅም ሥራ ላይ ያውላል፣ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል።
- ፫) መንገድ በክልሉ ውስጥ የሚስፋፋበትን ሁኔታ ያቅዳል።
- ፬) መንገዶች የሚሠሩበትን ዲዛይንና ደረጃ ይወስናል።
- ፭) የተለያዩ መንገዶች በኮንትራክተሮችን በሕብረተሰቡ እንዲሰሩ፣ ደረጃቸው ከፍ እንዲልና እንዲጠገኑ እንደዚሁም አንክብካቤ እንዲደረግላቸው ያደርጋል።
- ፮) ድልድዮችና ከመንገድ ሥራ ጋር የተገናኙ ግንባታዎች እንዲጠኑና አንዲሠሩ ያደርጋል።
- ፯) የመንገዶች ዲዛይንና ጥናት እንዲካሄድ ያደርጋል።
- ፰) መንገዶች የሚጠኑበትን ዲዛይናቸው የሚዘጋጅበትን እንደዚሁም ግንባታቸውና ጥገናቸው የሚከናወኑበትን ሁኔታ ያዘጋጃል ሥራ ላይ መዋላቸውንም ይከታተላል።
- ፱) ሀብረተሰቡ በተለያዩ ደረጃዎች ተደራጅቶ ጉልበቱን በማስተባበር መንገድ እንዲሠራ እንዲጠገንና እንክብካቤ እንዲያደርግ ያደርጋል። የሙያና የግንባታ ዕቃዎች ዕገዛ ያደርጋል።
- ፲) በመንገዶች ግንባታና ጥገና ጥራት ላይ ቁጥጥር ያደርጋል ወይም ያስደርጋል።
- ፲፩) መንገዶች እንዳይበላሹና ከአገልግሎት ውጭ እንዳይሆኑ የወጡ ሕጎች ሥራ ላይ መዋላቸውን ይከታተላል።
- ፲፪) መንገድ ለመሥራትና ለመጠገን የተደራጁ ማህበራትና አነስተኛ ኮንትራክተሮች ችሎታቸውን አጉልብተው በተሻለ መንገድ ሥራቸውን እንዲያከናውኑ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል።
- ፲፫) የመንገድን ስፋትና የአጠቃቀሙን ሁኔታ ይወስናል፣ ይቆጣጠራል።
- ፲፬) ለመንገድ ሥራው የሚጠቅም ድንጋይና ምርጥ አፈር የሚገኝበትንና ለመንገድ ግንባታ ዕቃዎች ማከማቻ የሚውለውን መሬት ከክፍያ ነፃ ከሚመለከተው አካል ፈቃድ በማግኘት ይጠቀማል። የሚመለከተውም አካል የፍቃዱ ጥያቄ ደርሶት በአስራ አምስት ቀናት ውስጥ መልስ ያልሰጠ እንደሆነ እንደተፈቀደ ተቆጥሮ ሥራውን ይቀጥላል።

- 2) Emanate policies and strategies that help to expand roads and provide to the Administrative Council of Oromia National Regional State; implement the same and make to be implemented up on approved;
- 3) Plans the expansion of roads in the region;
- 4) Determines the standard and designs of roads to be constructed;
- 5) Undertakes the construction of roads by outsourcing to contractors and by the community; makes to be upgraded, maintained and protected.
- 6) Make the study and construction of bridges and of roads;
- 7) Make the study and designs of roads;
- 8) Prepare the standard of roads study, design, construction and maintenance, and follows its implementation;
- 9) Facilitate the construction, maintenance and protection of roads through different community associations and provide technical assistance to them;
- 10) Supervise, that the construction and maintenance of roads are up to the required standard, and also make to be supervised by other bodies.
- 11) Supervise roads from destruction and becoming out of service;
- 12) Collaborates and works with the concerned organs to build the capacity of associations and small scale contractors participating on road construction and maintenance in an improved manner;
- 13) Determine and supervise the width of road and the service it gives;
- 14) Utilize, with the authorization of the concerned organ, land, stone and selected soil and a place to deposit the materials needed for the construction of roads free of charge. If the concerned organ does not respond on the request with in two weeks, the request shall be deemed granted and work may be carried out.

- 15) Ijaarsi daandii naannoo irratti dhiibbaa akka hin qaaqbaasiifne eegumsi gahaan taasifamuu isaa ni hordofa.
- 16) Qabeenya lafa hojii daandiitiif itti fayyadamuurratti argamaniif akkaataa barbaachisaa isaatti bu'uura seeraatiin beenyaan akka kaffalamu ni taasisa.
- 17) Qabeenya ni horata; maqaa isaatiin ni himata; ni himatama; qaama sadaffaa waliin waliigaltee ni taasisa.

**7. Aangoofi Hojii Hojii Gaggeessaa Ol'aanaa Abbaa Taayitichaa**

Hojii Gaggeessaa Ol'aanaan Abbaa Taayitichaa Aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojii Abbaa Taayitichaa ni qindeessa; ni hooggana.
- 2) Seera hojjattoota Mootummaarratti hundaa'ee hojjetoota ni qaxara; ni bulchaa; hojiirraa ni gaggeessa.
- 3) Herrega baankii Abbaa Taayitichaa ni sochoosa; ni bulcha.
- 4) Karoora hojiifi baajataa qopheessee Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa. Yoo ragga'e hojiirra ni oolcha.
- 5) Gabaasa raawwii hojii Mana Marii Bulchiinsa Nannichaafi Biiroo Hojiifi Misooma Magaalaa Oromiyaatiif ni dhiyeessa.
- 6) Akkaataa barbaachisummaa isaatti aangoofi hojiisaa keessaa gar-tokkee hoggantoota isa jala jiraniifi, hojjetoota biraatiif bakka bu'iinsa ni kenna.
- 7) Walitti dhufeenya hojii Abbaan Taayitichaa qaama sadaffaa waliin taasisurratti bakka ni bu'a.

**8. Madda Galii Abbaa Taayitaa**

Abbaa Taayitichaa maddawwan galii armaan gadii ni qabaata.

- 1) Baajata mootummaan ramadu,
- 2) Baajata Waajjirri Fandii Daandii Itiyoophiyaa ramadu,
- 3) Deeggarsaafi kennaa taasifamuufi
- 4) Galiwwan burqaa biroorraa argaman.

**9. Galmee Herregaa**

- 1) Abbaan Taayitichaa galmee herregaa guutuufi sirrii ta'e ni qabaata.
- 2) Galmeewwan herregaa kan Abbaa Taayitichaa yeroo yeroon qaama aangoo qabuun ni qoratama.

- ፲፭) የመንገድ ሥራ በአካባቢው ላይ ጉዳት እንዳያደርስ በቂ ጥበቃ መደረጉን ይከታተላል።
- ፲፮) ለመንገድ ሥራው በሚጠቀምበት ቦታ ላይ ለሚገኙ ንብረቶች እንደ አስፈላጊነቱ በሕጉ መሠረት ካሳ እንዲከፈል ያደርጋል።
- ፲፯) የንብረት ባለቤት ይሆናል፣ በስሙ ይከሰሳል፣ ይከሰሳል፣ ከሦስተኛ ወገኖች ጋር ውል ይዋዋላል።

**፯. የባለሥልጣኑ ዋና ሥራ አስኪያጅ ሥልጣንና ተግባር**

- የባለሥልጣኑ ዋና ሥራ አስኪያጅ የሚከተሉት ስልጣንና ተግባር ይኖሩታል።
- ፩) የባለሥልጣኑን ሥራ ያደራጃል፣ ይመራል።
- ፪) በመንግሥት ሠራተኞች ሕግ ላይ ተመስርቶ ሠራተኞችን ይቀጥራል፣ ያስተዳድራል፣ ከስራ ያሰናብታል።
- ፫) የባለሥልጣኑን የባንክ ሂሳብ ያንቀሳቅሳል፣ ያስተዳድራል።
- ፬) የባለሥልጣኑን የሥራ ዕቅድና በጀት አዘጋጅቶ ለክልሉ መንግሥት መስተዳድር ም/ቤት ያቀርባል፣ ሲፀድቅም ሥራ ላይ ያውላል።
- ፭) የሥራ አፈፃፀም ሪፖርት ለክልሉ መስተዳድር ምክር ቤትና ለአሮሚያ ሥራና ከተማ ልማት ቢሮ ያቀርባል።
- ፮) እንደአስፈላጊነቱ ከተሰጠው ስልጣንና ተግባር ውስጥ በክፊል ለርሱ ተጠሪ ለሆኑ የሥራ ኃላፊዎችና ለሌሎች ሠራተኞች ውክልና ይሰጣል።
- ፯) ባለሥልጣኑ ከሦስተኛ ወገን ጋር በሚያደርገው የሥራ ግንኙነት ላይ ባለሥልጣኑን ይወክላል።

**፰. የባለሥልጣኑ የገቢ ምንጭ**

- ባለሥልጣኑ ከዚህ በታች የተጠቀሱት የገቢ ምንጮች ይኖሩታል፡-
- ፩) መንግሥት የሚመድበው በጀት፣
- ፪) የኢትዮጵያ መንገድ ፈንድ ጽ/ቤት የሚመድበው በጀት፣
- ፫) የሚሰጡት ስጦታዎችና፣ ድጋፎች
- ፬) ከሌላ ምንጭ የሚገኙ ገቢዎች።

**፱. የሂሳብ መዝገብ አያያዝ**

- ፩) ባለሥልጣኑ የተሟላና ተገቢ የሆኑትን የሂሳብ መዝገብ ይይዛል።
- ፪) የባለሥልጣኑ የሂሳብ መዝገብ ሥልጣን ባለው አካል በየጊዜው ይመረመራል።

- 15) Follow up the proper protection of the environment during construction of roads;
- 16) Make payment of compensation as found necessary in accordance with the law, for property on land it utilizes for road construction;
- 17) Own property; sue and sued in its own name, enter an agreement with the third party.

**7. Powers and Duties of the General Manager of the Authority**

The General Manager of the Authority shall have the following powers and duties:

- 1) Organize and direct the activities of the Authority;
- 2) Hire, administer and dismiss employees as per Civil Servant Proclamation;
- 3) Operate and administer bank account of the Authority;
- 4) Produce and submit the work plan and budget of the Authority to the Regional Administrative Council of the region, and implement the same up on approval;
- 5) Submit work execution report to the Regional Administrative Council of Oromia and Public Works and Urban Development Bureau;
- 6) Delegate part of his powers and duties to officials subordinate to him and to other employees of the Authority where necessary;
- 7) Represent the Authority in its dealings with the third party.

**8. Revenue Sources of the Authority**

The revenue source of the Authority shall be the following.

- 1) Budget allocated by the government;
- 2) Budget allotted by the Road Fund Office of Ethiopia;
- 3) Assurances and gifts provided to the Authority
- 4) Revenue obtained from other sources.

**9. Books of Accounts**

- 1) The Authority shall maintain complete and proper books of accounts;
- 2) The books of accounts of the Authority shall be audited by an authorize party from time to time.

**10. Tumaalee Ce'umsaa**

- 1) Mirgaafi dirqamni Abbaan Taayitaa Daandii Baadiyyaa Oromiyaa armaan dura qabu labsii kanaan gara Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaatti darbanii jiru.
- 2) Hojiiwwaan osoo Labsiin kun hin bahiin calqabaman Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaatiin akka calqabamanitti lakkaawwamanii raawwiin isaanii kan itti fufu ta'a.
- 3) Hojjeettoonni kanaan dura Abbaa Taayitaa Daandii Baadiyyaa Oromiyaa turan guyyaa Labsiin kun ragga'e irraa eegalee akkaataa Labsii hojjetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan bulan ta'a.

**11. Seerota Raawatiinsa Hin Qabne**

- 1) Labsiin Abbaa Taayitaa Daandii Baadiyyaa Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak. 11/1988 fi labsii kana fooyyessuuf kan bahe Lak. 28/1991 haqamanii Labsii kanaan bakka bu'anii jiru.
- 2) Seeronniifi barmaatileen hojii Labsii kanaan wal-falleessan raawatiinsa hin qabaatan.

**12. Aangoo Dambii Baasuu**

Manni Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii kana hojiirra oolchuuf dambii baasuu ni danda'a.

**13. Yeroo Labsiin Kun Itti Ragga'u**

Labsiin kun Sadaasa 4 Bara 2001 irraa eegalee kan ragga'u ta'a.

Finfinnee, Sadaasa 4 Bara 2001

Abbaaduulaa Gammadaa

Pireezidaantii

Mootummaa Naannoo Oromiyaa

**፲. የመሽጋገሪያ ድንጋጌዎች**

- ፩) ከዚህ ቀደም የኦሮሚያ ገጠር መንገዶች ባለሥልጣን የነበሩት መብትና ግዴታዎች በዚህ አዋጅ ወደ ኦሮሚያ መንገዶች ባለሥልጣን ተላልፈዋል።
- ፪) ይህ አዋጅ ከመውጣቱ በፊት የተጀመሩ ሥራዎች በኦሮሚያ መንገዶች ባለሥልጣን እንደተጀመሩ ተቆጥረው አፈፃፀማቸው የሚቀጥል ይሆናል።
- ፫) ከዚህ በፊት የኦሮሚያ ገጠር መንገዶች ባለሥልጣን የነበሩ ሠራተኞች ይህ አዋጅ ከፀናበት ቀን ጀምሮ በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የመንግሥት ሠራተኞች አዋጅ መሠረት ይተዳደራሉ።

**፲፩. ተፈፃሚነት የሌላቸው ሕጎች**

- ፩) የኦሮሚያ ገጠር መንገዶች ባለሥልጣንን ለማቋቋም የወጣው አዋጅ ቁጥር ፲፩/፲፱፻፹፰ እና ይህንኑ አዋጅ ለማሻሻል የወጣው አዋጅ ቁጥር ፳፰/፲፱፻፺፩ ተሽረው በዚህ አዋጅ ተተክተዋል።
- ፪) ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረኑ ሕጎችና ልማዶች ተፈፃሚነት አይኖራቸውም።

**፲፪. ደንብ የማውጣት ሥልጣን**

ይህንን አዋጅ በሥራ ላይ ለማዋል የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ምክር ቤት ደንብ ለማውጣት ይችላል።

**፲፫. አዋጅ የሚፀናበት ጊዜ**

ይህ አዋጅ ከሕዳር ፬ ቀን ፳፻፩ ዓ.ም. ጀምሮ የፀና ይሆናል።

ፊንፊኔ፣ ሕዳር ፬ ቀን ፳፻፩ ዓ.ም.

አባዱላ ገመዳ

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት

ኘሬዚዳንት

**10. Transitory Provisions**

- 1) The rights and duties of Oromia Rural Roads Authority previously undertaken is transferred to Oromia Rural Roads Authority with this proclamation;
- 2) Activities commence prior to the coming into force of this Proclamation shall be deemed to have been commenced by the Authority and their implementation shall be carried on;
- 3) Employees who have been in Oromia Rural roads Authority before the coming into force of this Proclamation shall be governed by Oromia Civil Service Proclamation starting from the date of coming in to force of this Proclamation.

**11. Repealed Laws**

- 1) Proclamation No. 11/1996, Proclamation to Provide for the Establishment of Oromia Rural Roads Authority and its Amendment Proclamation No. 28/1999 are repealed and substituted by this Proclamation;
- 2) Laws and practices which are inconsistent with the provisions of this Proclamation shall not apply with respect to matters provided for in this Proclamation.

**12. Power to Issue Regulations**

The Administrative Council of the National Regional State Oromia may issue regulations for the proper implementation of this Proclamation.

**13. Effective Date**

This Proclamation shall come in to force as the 13th day of November 2008.

Finfine, November 13, 2008

Abadula Gemedaa

President of the National Regional State of Oromia